



# Qorannoo, talaallii fi waraqaa haqaa deeggarsa yeroo rakkoo hamaa COVID-19 maatiiwwaniif.

## Qoratamuu fi qofaatti of-baasuu

Mallattoolee COVID-19 kamiyyuu yoo qabaattan, dirqama [qoratamuu qabdu](#) akkasumas hanga qabxii qorannoo keessanii argattanitti manaa hin bahiinaa. Gara hojii yookin gara suuqiiwwanii hin deemiinaa.

Mallattooleen COVID-19 kanneen armaan gadii of keessatti haammatu:

- Dhukkubbii mataa, Qorra yookin dafqisiisuu
- Qufaasisuu yookin dhukkubbii qoonqoo
- Afuura kutuu
- Dhangala'aan funyaan keessaan yaa'uu
- Miira fuunfachuu fi dhandhamuu dhabuu

Qorannoon COVID-19 namoota hundaafuu bilisadha. Kunis namoota kaardii Medicare hin qabne, kanneen akka daawwatootaa biyya alaa dhufan, hojjetoota godaantotaa akkasumas warreen kooluu galtummaa gaafachaa jiran of keessatti dabalata.

Qorannoo COVID-19 n poosatiiva yoo taatan, dirqama qofaatti of-baasuu yookin mana keessan keessa (turuu) qabdu.

Nama dhibee COVID-19 n qabame waliin xuxuqqii dhiyeenyaa qabdu yoo ta'e guyyoota 14 f hanga Damee Fayyaa (Department of Health) irraa hoggantootni Hayyama qaban akka baataniif isin gorsanitti dirqama kuwaarantiin galuu(manaa keessa turuu) qabdu.

Nama qunnamti dhiyeenyaa qabu tokko waliin, yoo waliin jiraattu ta'e, yookin yeroo waliin dabarsitaniittu ta'e, mana keessa akka turtaniif gaafatamtu.

## Talaallii

### Maal beekuu barbaadduu

- Namni waggaa 16 fi isaa ol ta'e kamiyyuu talaallii COVID-19 argachuu ni danda'a.
- Toora Bilbilaa Vaayirasii Koronaa (Coronavirus Hotline) tiif [1800 675 398](tel:1800675398) irratti bilbiluun galmee keessan raawwadhaa. Hiikaa afaanii yoo barbaaddan, zeeroo (0) tuqaa.
- Namoonni waggaa 60 fi isaa ol ta'an talaallii [AstraZeneca](#) ni argatu. Namoonni tokko-tokko kanneen haalota fayyaa adda ta'e qaban talaallii [Pfizer](#) argachuu ni danda'u.
- Namoonni waggaa 12 - 59 jiraniif talaallii [Pfizer](#) tu kennamaafi.
- Talaalliin COVID-19 namoota hundaafuu bilisadha. Kaardii Medicare qabaachuun isin hin barbaachisu.
- Talaalicha fudhachuun tola-ooltummaan(fedhiidhaanii). Talaalamuun filannoo keessanii.
- Talaalliin COVID-19 bu'aa qabeessa akka ta'uuf talaallii doozii(marfee) lama fudhachuutu isinirraa eegama.
- Doozii keessan isa jalqabaa yeroo argattan, doozii isa lammaffaa yoom akka fudhachuu qabdan isinitti himama.
- Aawustiraaliyaa keessatti hojii irra ooluu isaaniin dura, talaalliiwwan hundii fayyummaan isaanii kan mirkanaa'e ta'uu isaa mirkaneessuuf of-eeggannoodhaan kan qoratamanidha.
- Waayee fayyaa keessanii yookin talaallii COVID-19 fudhachuu yoo sodaattan, dooktora keessan haasofsiisaa.

## Deeggarsi ni jira

### Deeggarsa yeroo hamaa

Yeroo qabxii qorannoo keessanii eeggattanitti waayee galii dhabuu yoo dhiphattanii jirtu ta'e, Deeggarsa Qofaatti Bahinsa Yeroo Qorannoo If you are worried about losing income while you wait for your test results, you may be eligible for a \$450 COVID-19 argachuu dandeessuu. Kunis akka mana turtaniif deeggaruuf isin gargaara.

Yoo poosatiiva taatan yookiin nama qabame waliin tuxuqqii dhiyeenyaa qabdu ta'e kaffaltii \$1,500 argachuudhaaf ulaagaa guutuu dandeessu. Odeeffannoo dabalataatiif Coronavirus Hotline [1800 675 398](tel:1800675398). Hiikaa afaanii yoo barbaaddan, zeeroo (0) tuqaa.

Isin yookin namni isin beektan tokkoo kan sodaate yookin dhiphate ta'e, Lifeline dhaaf karaa [13 11 14](tel:131114) yookin Beyond Blue dhaaf karaa [1800 512 348](tel:1800512348) bilbiluu dandeessu. Hiikaa afaanii yoo barbaaddan, jalqaba gara [131 450](tel:131450)itti bilbilaa.

Miirri qofummaa yoo isinitti dhagahame, Coronavirus Hotline tiif [1800 675 398](tel:1800675398) irratti bilbiluudhaan lakkoofsa sadi(3) tuquu ni dandeessu. Hiikaa afaanii yoo barbaaddan, zeeroo (0) tuqaa. Tola ooltota Red Cross(Fannoo Diimaa) Aawutiraaliyaa kan tajaajiloota deeggarsaa naannoo waliin isin qunnamsiisuu danda'an waliin wal-qunnamtu.

- [\\$450 Deeggarsa Qorannoo Vayirasii koronaa](#) (Coronavirus Testing Support) (Word)
- [\\$1500 Kaffaltii Balaa Boqonnaa Weeraraa](#) (Pandemic Leave Disaster Payment) (Word)

**Hiikaa afaanii yoo barbaaddan, toora bilbilaa COVID-19 dhaaf [1800 675 398](tel:1800675398) irratti bilbiluudhaan 0 tuqaa.**